Biiroo Barnoota Bul.Magaalaa Finifinneetti

- Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 1ffaa sem..2ffaati
- Qopheessan Dhufeeraa Daanyee



Barannoo 21ffaa

- **BOQONNAA 20_ KEEYYATA DUBBISUU**

  Kaayyoo Barannichaa:

☝ Dhuma barannoo kanaa booda barattoonni:

√ Keeyyata sagalee olkaasuun ni dubbistu.

√ Hima jalqabame ni xumurtu.

√ fakkii kenname hima barreessuun ni ibsitu.

√ Himaafi Fakkii walitti ni firoomsitu.

Gocha

- 1) keeyyanni maal?
- 2) keeyyanni maal irraa ijaarama?

Keeyyata

- ☝ **Keeyyanni himoota adda adda irraa ijaarama.**
- ☝ **himoonni adda addaa walitti qindaa'uun keeyyata ijaar**u.
- **Fkn.**

1) Urjiin barattuu kutaa 1ffaatti.

2) Urjiin barnoota isheeti baayyee cimtuudha.

3) Urjiin amala qabeettiidha.

4)Urjiin qulqullina ilkaanfi qaama ishii baayyee eeggatti.

5) Urjiin fayyaa guutuu qabdi.

Kan itti fufe....

- **Urjiin barattuu kutaa 1ffaati.Barnoota isheetti baayyee cimtuudha.kana malees, namuusa qabeettiidha.Qulqullina qaama ishee fi ilkaan ishee sirriitti eeggatti. Kanaafuu, fayyaa guutuu qabdi.**

Keeyyata Dubbisuu

- **Biliseen ganamaan hirribaa kaati. Harkashee samuunaan dhiqatti.Itti aansuun,ciree nyaatti.sana booda yeroon mana barnootaa deemti.mana barnootaati yeroo galte hojii manaa isheef kenname ni hojjatti.**

Keeyyata irratti hundaa'uun gaaffilee armaan filachuun deebisi

- **1, Dubbisni kun waa'ee eenyuuti?**

  A,Ciree B, Bilisee C, barumsaa

2,Biliseen barfattee mana barumsaa deemti.

A) Soba B) Dhugaa

3,Biliseen hirribaa akka kaateen dursitee maal raawwattii?

A) Ciree nyaatti B) Harka dhiqatti C) mana barumsaa deemti

Kan itti fufe....

- **4) Biliseen harka ishee saamunaan hin dhiqatttu.**

A)Soba B) Dhugaa

5) Yeroo mana barumsaatii deebite Biliseen maal hojjetti?

A) ni rafti B) Kubbaa taphati C) hojii manaa hojjetti

Deebii

- 1) A
  2) B
  3) B
  4) A
  5) C

Gilgaala

- Jechoota sirreessuun hima barreessi dubbisi.

1) Ganamaan/ hirribaa/ Biliseen/ kaati.

☞ _____.

2) dhiqatti/ saamunaan/ harkashee.

☞ _____.

3.Biliseen / nyaatti/ ciree

☞ _____

Deebii

- Jechoota sirreessuun hima barreessi dubbisi.

1) Ganamaan/ hirribaa/ Biliseen/ kaati.

☝ Biliseen ganamaan hirribaa kaati.

2) dhiqatti/ saamunaan/ harkashee/Biliseen

☝ Biliseen harka ishee saamunaan dhiqatti.

3.Biliseen / nyaataa/ ciree./jirt

☝ Biliseen ciree nyaataa jirti.

Gilgaala

- **Bakka duwwaa guuti.**

  Hirribaa Saamunaan

  Ciree Yeroon

Biliseen ganamaan_____kaati.Harka ishee _____ dhiqatti.itti aansuun,_____nyaatti.sana booda,_____mana barnootaa deemti.

CUUNFAA BARANNOO

- ☝ Keeyyatni himoota adda addaa irraa ijaarama.
- ☝ Himootni walitti qindaa'uun keeyyata ijaaru.